Public Health
Seattle & King County

# Methicillin Resistant Staphylococcus Aureus(MRSA, Meetisiliin kan dandamatu Istaafiilookookaas Ariyees)

**Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan dhugaa kun isiniif kennamee jira:**

- ☐ **Sababni isaas isin ykn daa'imni keessan MRSA'f saaxilamuu waan dandessaniif.**
- ☐ **Dhimma Odeeffannoo qofaaf.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee MRSA

### MRSA jechuun maalidha?

- MRSA (meetisiiliinii kan dandamatu Istaafiilookookaas ariyees) gosa ykn sanyii tokko baakteeriyaa beekamaa Istaafiilookookaas ('staph') jedhamudha.
- MRSA'n salphaatti guddachuu fi infekshinii fiduu danda'a.
- Gosti baakteeriyaa kun qoricha farra baakteeriyaa tokko tokkoon yaalamuu danda'a.
- Baay'ee xiqqaadha, garuu yeroo tokko tokko infekshiniin MRSA infekshinii hamaa kan akka dhibee sombaa ykn infekshinii dhiigaa fiduu danda'a.

### Eenyuutu qabamuu danda'a?

- Namoota mana kunuunsaa keessa jiraatan ykn hospitaala ciisan irratti baay'inaan mul'ata.
- Namoonni fayyaa ta'anii fi hospitaala hin turre ykn mana kunuunsaa keessa hin jiraannes infekshinii MRSA'n qabamuu danda'u. Kunis MRSA hawaasa-waliin walqabatu jedhama.

### Mallattooleen dhukkuba kanaa maali?

- Infeekshiniin MRSA gogaa jalqaba irratti ciniinnaa gergoo ykn shararitii fakkaachuu danda'a, sana booda gara dhiitoo malaadhaan guuteetti guddachuu danda'a.
- Dhiitoo fi madaan yeroo baay'ee diimaa, ho'aa, dhukkubbii, dhiitoo fi walakkeessa irraa keelloo ykn adii kan qabuu fi dhangala'aa ykn bishaan kan biraa kan of keessaa qabu dha.
- Namoonni tokko tokko qorra fi ho'a qaamaa qabaachuu danda'u American Academy of Pediatrics (Akkaadaamii Daa'immanii Ameerikaa) ho'a qaamaa teempirechara 100.4ºF [38ºC] fi isaa ol) jechuun ibsa.

### Akkamitti babal'ata?

- Baakteeriyaan kun madaa MRSA'n qabame kan dhangala'aan guutame keessatti argama.
- Namni tokko fincaan tuqani ergasii harka isaanii isa hin dhiqamin gogaa banaa yoommuu tuqan baakteeriyaan kun banaa sana seenee baay'achuu fi infekshinii fiduu danda'a.

- Akkasumas, lafaa tuquu ykn meeshaalee dhuunfaa kan akka uffata ykn fooxaa gogaa nama dhukkuba kanaan qabame tuqan waliif qooduun babal'achuu danda'a.

---

## Mucaan Koo Infeekshinii MRSA qabaachuu isaa akkamittan beeka?

**Ogeessi fayyaa MRSA adda baasuu danda'a. Mucaan keessan madaa xiqqaa guddate kan hin fayyine yoo qabaate gara ogeessa fayyaa geessaa.** Ogeessi fayyaa mallattoolee dhukkubichaa ni

gamaaggama, madaa sana irraa fudhatamee gara laaboraatooriitti erguun qorannoof erguu danda'a.

**Yoo gaaffii dabalataa qabaattan ykn daa'imni keessan infekshinii MRSA qabaachuu danda'a jettanii yaaddoftan, ogeessa kunuunsa fayyaa keessan qunnamaa. Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Mucaan Koo Infeekshinii MRSA Yoo qabaate Maalan godha?

**Yoo daa'imni keessan infekshinii MRSA qabaate hatattamaan ogeessa kunuunsa daa'ima keessanii ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

### Akkamitti yaalama?

Ogeessi fayyaa qoricha farra baakteeriyaa infekshinii MRSA yaalu ajajuu danda'a.

### MRSA akka hin babal'anne akkamittan gargaaruu danda'a?

- Namoonni infekshinii MRSA qaban madaa(wwan) isaanii faashaa qulqulluu fi qooraadhaan haguuganii turuu qabu.
- Namoonni infekshinii MRSA hin qabne gogaa cabe (madaa banaa) qulqulluu, qooraa faashaa haguugameen eeguu qabu. Namni tokko harka isaa gogaa caccabee yoo qabaate haguugduu harkaa uffachuu qaba.
- Madaa ykn faashaa namoota biroo waliin wal qunnamuu irraa of qusadhaa.
- Harka yeroo baay'ee saamunaa fi bishaan ho'aan dhiqachuu.
- Meeshaalee dhuunfaa kan akka fooxaa, uffataafi firaashii waliif qooduu irraa fagaadhaa.
- Meeshaalee taphaa fi wantoota biroo ijoolleen bishaanii fi saamunaa wajjin fayyadamuu danda'an sirriitti qulqulleessaa.
- Golgee manaa qulqulleessuu.

---

## Daa'imni Koo Kunuunsa Daa'immanii Irraa Mana Turuu Ni Barbaachisaa?

**Lakki.** Daa'imman MRSAf saaxilaman, ykn dhukkubni isaanii adda baafame kunuunsa daa'immanii irratti argamuun itti fufuu danda'u **yoo:**

- Dhiitoon malaadhaan guutame dhangala'aa waan jiruuf haguugamee turuu waan hin dandenyeef.
- Mallattoolee biroo waliin ho'a qaamaa (tempireechara 100.4ºF [38ºC]] fi isaa ol) qabu ta'e.
- Sochiiwwan daree keessatti hirmaachuuf miira gaarii hin qaban ta'e(fakkeenyaaf: dadhabbiin isaanii haala hin baratamneen; jeeqamuu ykn goolamuu; ykn yeroo idilee caalaa boo'uu ta'e).

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa'ima keessanii hordofaa.**

---

### Wabiiwwan

American Academy of Pediatrics (Akkaadaamii Daa'immanii Ameerikaa)

- Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 6th Edition. Pages 177-178
- Caring for our Children, Chapter 3 Health Promotion and Protection, 3.6 Management of Illness, 3.6.1 Inclusion/Exclusion Due to Illness

Centers for Disease Control & Prevention **(**Wiirtuuwwan To'annoo fi Ittisa Dhukkubaa)

- Methicillin-resistant *Staphylococcus aureus* (MRSA). https://www.cdc.gov/mrsa/community/index.html